

# **Mirgoota Keessan Haala Seera Mirgoota Jiraattotaa Federala fi Minnesota Waalta'etti**

## **Ragaa Kana Otoo Isin Hin Dubbisiniin Dura Waan Isin Beekuu Qabdan:**

Yoo ragaan kun, jechan “isin” jedhu isinuma, bakka bu’aa keessan, fi haala seera Minnesotattin muudamaa bakka bu’aa seeraa eenyumaa ni dabalataa. Isin mana kunuunsa, mana kunuunsa keessa bulanii, ykn tajaajila kunuunsa bal’ifame bira a kamiyyuu keessa jiraataa yoo taatan, mirgoota kanneen kana ni qabdu. Akk numaani isin yoo jiraataa mana bulmaataafi mana yeroof keessa jiraatan ykn tajaajila jirenyaa to’atame kan sagantaa hirkachummaa keemiikaalaa tajaajiloota Namaa Kutaa Minnesotatin hayyamame qabuu taatan mirgoota kanneen kana ni qabdu. Akka haala seenutti ykn tursiisa itti fufuutti mirgoota kanneen kana dhiisaa kan isiniin jedhu tajaajilli hin jiru.

Mirgoonni tokko tokko seera Minnesota jalatti qofaa jiru. Mirgoonni kanneen kun maxxansa gurraachan dhiyeffaman. Mirgoonni bira a hundumtuu seera federal jalatti kan argamanii fi jiraattoota tajaajiloota sagantaawwan Medicaid ykn Medicaretiin mirkaneeffaman irratti hojjatu. Yoo mirgi keessan seera Minnesota jalaa mirga keessan seera federal jalaa wajjin ilaalam, mirga keessa kan federal jalaatu dhiyeffama. Seera mootummaa jalatti daballawan kamiyyuu, ta’us, maxxansa gurraachan dhiyeffamu.

Yoo garagalchii guutuu mirgoota Minnesota keessani barbaaddan, tajaajila keessan keessatti garagalchiwwan ni argamu. Namni hojjataan tokko eessatti akka argaman isintti himuu ni danda’ a.

## **Qulqullina Jirenyaa**

Tajaajilli tokko haala fi naannoo kan qulqullina jirenya keessanii ittiin eegu ykn guddisuun isin kunuunsuu qaba.

**1. Ulfina.** Tajaajilli tokko haala fi naannoo kan beekamtummaa guutuu matayyummamaa keessaniit in ulfinaa fi kabaja keessan eegu ykn guddisuun amala gaariidhaan isin guddisuun fi kunuunsuu qaba. **Akka nageenya fi gargaarsa keessaniiif barbaachisetti malee, isin kunuunsa fayyaa fi dhuunfaatif (marii dhimmaa, gorsa, qorannoo, waldhaansa, fi hojiiwwan qulqullina dhuunfaa kan akka mana fincaanii ykn dhagna dhiqannaadabalatee) isin mirga waldhaansa gulummamaa fi kunuunsa dhuunfaa ni qabdu.**

**2. Hiree Ofii Ofiin Murteessuu fi Hirmaannaa.** Hojiiwwan, sagantaawwan, fi kunuunsa fayyaa filachuudhaf isin mirga ni qabdu; misoonsota hawaasaa keessanii wajjin wal quunnamuu; fi tajaajila isiniif barbaachisaa ta’ee keessatti waa’ee haala jirenya keessanii keessatti filannoowwan ni gootu. **Giddu seena malee yoo hojiiwwan mirga gulummummaa jiraattota bira a hin tuqne ta’e, isin hojiiwwan daldalaa, amantii, siyaasaa fi gareewwan hawaasaa, kunuunsa yeroo dheeraa keessatti fooyya’inawwaniif hojjachuudhaf warra bira a wajjin walti dhufeeyna dabalatee, keessatti qooda fudhachuudhaf mirga ni qabdu.**



**3. Gareewan jiraataa fi maatii keessatti hirmaachuu.** Tajaajilicha keessatti gareewan jiraataa keessatti gurmeessuudhaa fi hirmaachudhaaf isin mirga ni qabdu. Tajaajilicha keessatti maatiwwan jiraattota biraa wajjin gulummaadhan tajaajilicha keessatti walquunnamuudhaf isin mirga ni qabdu. Yeroo gareen jiraataa ykn maatii tokkoo jiraatu, imaammataa fi murtiiwwan hojii kan tajaajilicha keessatti kunuunsa fi jirenya jiraataa tuqu ilaachisee dhiyaate tajaajilich yaadawwan dhaga'uu fikomee fi gorsawan jiraattootaa fi maatiwwanii irratti hojjachu qaba. **Imaammatawwan tajaajilaa ilalchisee gorsitoonni jiraataa fi maatii gorsawan kenuudhaf ni jajjabeeffamu.**

**4. Hojiwwaan Biraan Keessatti Hirmaannaa.** Tajaajilich keessatti mirgoota jiraattoota biraa keessa kan hin gale hojiwwan hawaasaa, amantii, fi gamtaa keessatti isin quoda fudhachuudhaf mirga ni qabdu.

**5. Tolcha Fedhiiwwanii.** Yoo ennaa fayyaan ykn nageenyi keessan ykn kan jiraattoota biraa balaa irra bu'e malee, fedhii fi filannoo keessaniin tolchawan gaarii wajjin tajaajilicha keessa jiraachu fi tajaajiloota argachuudhaf mirga ni qabdu.

#### Kunuunsa fi Waldhaansa

**6. Kunuunsa Fayya Sirrii.** Fedhiiwwan mataa keessanii, hojii qaama fi sammuu sadaraka ol'aanaa keessanii argachuu isin dandeessisuudhaf qophaa'e irratti hundaa'udhaan isin waldhaansa sirriidha fi kunuunsa dhuunfaatif mirga ni qabdu, garuu mirgi kun bakka tajaajilich qabeenyawwan ummataatin ykn dhuunfaatin bakka hin buufamnetti daangeffamaadha.

**7. Waltidhufeenyaa Tajaajiloota Fayya Biraan fi Dhiyeessotaa. Kennaa alaa tokko irraa tajaajiloota argachuudha fi gaafii keessaniin eenyummaa kennichaa, teessoo isaanii, fi ibsa tajaajiloota barreeffamaanargachuudhaf mirga ni qabdu. Yoo seeraan kennname malee, meeshaawwan ykn tajaajiloota kan herrega durgoo keessatti hin dabalamne, dhiyeessaafilattan tokko irraa bitachu ykn kireeffachuudhaf isin mirga ni qabdu.**

**8. Itti fufa Kunuunsa. Hanga imaamatni tajaajilaa hayyametti, ramaddii hojjataa idilee gaarii fi wal irraa hin cinneen kunuunsa argachuudhaf isin mirga ni qabdu.**

**9. Galmeewan fi Beekumsa Kunuunsa Xiinxaluu.** Gaafattanii sa'atii 24 keessatti galmeewan keessan hundumaa ilaaludhaa fi barreeffamaan gaafattanii tajaajilicha beksisa guyyaawwan hojii 2 keessatti sadarkaa herregaa kan hawaasaa keessan keessaa hin caallen koppiiwwan bitachuudhaf mirga ni qabdu. Sadarkaa waliigala fayya keessanii qooqa isin hubachuu dandeessaniin guutumatti beekudhaaf mirga ni qabdu.

**10. Qajeelchawan Duraa.** Qajeelchawan duraailaalchisee (**amma Minnesota keessatti qajeelchota kunuunsa fayya jedhamee kan waamamu**), imaammatawwan tajaajilicha barreeffamani fi seera mootummaa hojii irra jiru, fi qajeelcha duraa tokko qopheessuf dabalatee odeeaffanno barreeffamaa argachuudhaf mirga niqabdu. **Murtee kunuunsa fayya tokko**



**tolchuu ilaalchisee nama isin wajjin firummaa hin qabne tokko sadarakaa lammii isinitti aanuu akka argatuuf muududhaaf mirga ni qabdu.**

**11. Hakiima Bira Dhaquu.** Hakiima bira dhaqsan filachuudhaf isin mirga ni qabdu. Tajaajilich maqaa, waan ittin beekame, teessoo hojii fi lakkofsa bilbila isaa ykn ishii isiniif kennuu qaba.

**12. Odeeffannoo waa'ee Waldhaansaa.** Waa'ee kunuunsa fi waldhaansa keessanii duraan dursitanii beekudhaaf isin mirga ni qabdu. **Itti dabalataan, qormaata, waldhaansa, filannoowwan, balaawwan, fi raaja keessan ilaalchisee hakiimni bira dhaqsan odeeffannoo guutuu fi tibbanaa isinif kennuu qaba.** Odeeffannoona kun haala fi qooqa isin silaa akka gaariitti hubachuu ni dandeessu jedhamee eegamutti ta'a. Miseensa maatii ykn bakka bu'aa filatame bira, ykn lachuu wajjin isin deemuu ni dandeessu. Odeeffannoo kana diduudhaf isin mirga ni qabdu Yoo isin kaansarii harmaa gosa kamiyyuutin kan girira argitan ta'e, malawwan bu'a qabeessa filatamaa waldhaansaa fi balaawwan amalawwan sana tokko tokko wajjin walti dhufan guutudhumatti isin beekuu qabdu.

**13. Waldhaansa Saganteessuu keessatti Hirmaannaa.** Kununuunsa fi waldhaansa saganteessuu keessatti hirmaachudhaaf isin mirga ni qabdu. Mirgi kun carraa waldhaansa fi filannoowwan kennoota kunuunsa matayaa wajjinii, carraa gaafii fi hirmaannaa konfaransiiwwan kunuunsa sirnaawaa, fi mirga miseensa maatii ykn bakka bu'aa filatame bira, ykn lachuu dabaluu ni dabalata. Yeroo isin argamuun hin damdeenyetti, miseensi maatii tokko ykn bakka bu'aan bira kan isiniin filatame konfaransii akkanaa keessatti dabalamuu ni danda'a.

**Yoo isin of hin beekne, gaggabdan, ykn isin ennaa tajaajilicha seentan quunnamuu yoo dadhabdan, tajaajilich miseensa maattichaa ykn nama isin akka nama yeroo balaa isiniif quunnamamuutti barreeffamaan muuddattan beeksiisuudhaf carraaqqii gaarii kan godhu, fi akka seera mootummaatin barbaadamutti namich sun saganteessuu waldhaansa keessanii keessatti akka hirmaatuf ni hayyama.**

**14. Haala Keessan Keessatti Beksisa Jijiirraawwanii.** Ennaa balaan miidhaa isinitti uumu dhalate, jijiirraa guddaan qaama, sammuu, ykn haala dhiibbaa sammuu irra jiraatetinhaala guddaatin waldhaansa keessan jijiiruf fedhiin, ykn tajaajilicha isin dabarsuuf ykn baasuf murteen jiraate, tajaajilich isin wajjin hatattamatti mar'achuu qaba. Akkanumaanis tajaajilich hakiima keessan, bakka bu'aa seeraa keessanii, fi miseensa maatii keessanii quunnamuu qaba.

**15. Diddaa Waldhaansaa.** Waldhaansa diduudhaf mirga ni qabdu. **Galmeed waldhaansa keessanii keessatti otoo hin barreeffamin, yoo isin waldhaansa, qoricha fudhachuu, ykn dhoorkaawwan nyaachaa diddan, tarrii bu'aawwan fayyaa ykn dhiibbaa sammuu irraa diddichaan dhufu beekuu qabdu.**

**16. Qorichawwan Ofiin Fudhachuu.** Yoo gareen qu'annoos damee hedduu tajaajilicha hojiin kun nagaadha jedhee murteesse, qoricha ofiin fudhachuudhaf mirga ni qabdu.



## **Mirgoota Waliigalaa**

Namoota fi tajaajiloota tajaajilichaan alaa fi keessa jiran wajjin jirenya, hiree ofii ofin murteessuu, fi quunnamtii kabajameef isin mirga ni qabdu. Tajaajilli tokko mirgoota keessan, mirgoota armaan gaditti tarreeffaman tokko tokko dabalatee, eegu fi guddisuu qaba. **Ennaa seentan eegumsa keessan kan ibsa barreeffamaa keessatti ibsamaniif isin mirgoota seerraa akka qabdan isinitti himamuu qaba.**

**17. Itti Fayyadama Mirgootaa.** Akka jiraataa tajaajilichaatti ykn lammii ykn jiraataa Ameerikaatti fi mirga giddu seensa , dirqisiisa, adda baasa, ykn haaloo ba'iinsa ennaa itti fayyadama mirgoota keessanii tajaajilicha irraa bilisa ta'uudhan mirgoota keessanitti fayyadamuudhaf mirga ni qabdu. Haala seera Mootummaatin yoo isin ga'umsa hin qabneetti murteeffamtan, mirgi keessan haala seera Mootummaatin nama bakka keessanitti akka hojjatuuf muudameen ni itti fayyadama. Yoo isin ga'umsa hin qabneedhan hin murteeffamne taatan, haala seera Mootummaatin bakka bu'aan seeraan muudame kamiyyuu hanga seera mootummaatin hayyamametti mirgoota keessanitti fayyadamuu ni danda'a.

**18. Kophummaa Dhuunfaa. Akkuma hawaasaa, amantii, fi waan sammuu nageenya keessanii wajjin walfakkaatutiin isin yaada kophummaa, matayyammaa, fi aadaa eenyummaa keessanii hundumaafuu mirga ni qabdu. Yeroo muddamaa ykn bakka ifaan hin himannetti ta'e malee, hojjataan tajaajilicha otoo hin seeniniin dura balbala keessan rukutee hayyama argachuu qaba.**

**19. Arganna Mirgootaa.** Ibsa mirgoota keessanii fi seerota hundumaa kan tajaajilicha keessatti amala keessan bulchan lachuu jechaan fi barreeffamaan qooqa isin hubattaniin seennaa dura ykn yeroo sana argachuudhaf mirga ni qabdu. Ibsa kanaa, fi jijiirraawwan isaa kamiyyuu fudhachuu keessan barreeffamaan beeksisuu qabdu.

**20. Odeeffannoo waa'ee Medicaid fi Medicare.** Ibsa barreeffamaa kan meeshaawwanii fi tajaajiloota kan haala sagantaa Mootummaatin (kan isin tarii hin kaffalleef) tajaajiloota kunuunsuu keessatti dabalamaniif meeshaawwan fi tajaajiloota jiran kamiyyuu ( fi kaffalti isaanii) kan isin kaffalchiisanif, kaffaltiwwan tajaajiloota kan Medicare ykn herrega durgoo tajaajilicha jalatti hin golgamne dabalatee, yeroo seennaa ykn ennaa Medicaidiidhaf fudhatama argattan fudhachuudhaf mirga ni qabdu. Waa'ee akkamitti bu'aawwan Medicare fi Medicaidiif iyyatan, mirga keessan kan konyaan qabeenyonni keessan hammam Medicaididhaf fudhatama akka tuqan gaafachuu, fi waa'ee kaffaltiwwan duraatiif bu'aawwan akkanaatin kan golgamaniif maallaqa akkamitti akka fudhataniif odeeffannoo jechaan fi barreeffamaan argachuudhaf isin mirga ni qabdu. **Yoo sagantaan Medicare ykn Medicaid tajaajiloota kanneen kanaaf hundumaafuu ykn kamiyyuufuu kan kaffalu ta'e ilaachisee odeeffannoo argachuudhaf gargaarsa hojjataa tajaajilichaatiif isin mirga ni qabdu.**

Tajaajiloota Medicaid ykn Medicaredhaan kaffalameef isin ykn herregni maallaqa dhuunfaa keessanii hin gaafatamu ta'a. Tajaajiloonti kun tajaajiloota kunuunsuu, tajaajiloota nyaachaa, sagantaawwan hojjiawanii, tajaajiloota mana keessaa fi eegumsa, tajaajiloota hawaasaa fayyaa wajjin waltidhufeonya qaban, fi meeshaawwanii fi tajaajiloota qulqullina dhuunfaa kan fedhiwwan keessan guutudhaaf barbaachisan ni dabalatu.



“Meeshaawwanii fi tajaajilooni qulqullina dhuunfaa” kan dabalatan:

- dhiyeessawan qulqullina rifeensa, filaa, hburushii, qarabaa, fi kireemii haaduu,
- saamunaa dhiqanna, fi saamunaawan qorichaa ykn ejentiiwwan qulqulleessaa addaa yeroo rakkowan gogaa addaa waldhaanudhaaf ykn ennaa dhibee balleessudhaaf ajajame,
- rigaa ilkaanii, saamunaa ilkaanii, maxxansaa ilkaani namni tolchee, qulqulleessaa ilkaan namni tolchee, fi kirrii ilkaanii,
- dibata gogaa jiisu,
- waraqaa lallaafaa, jirbii maraa, jirbii madaa itti haqan,
- urgeessaa,
- kunuunsa fi dhiyeessa fincaanii, naapkinsii qulqullinaa fi dhiyeessawan walfakkaatan,
- foxaawwam, huccuu ittin dhiqatan, fi gaawoniiwwan hospiitaala,
- qorichawan alatti gurguraman,
- tajaajiloota qulqullina rifeensa fi qeensaa,
- dhiqanna, fi
- bu’ura uffata miiccaa dhuunfaa.

Meeshaawwanii fi tajaajiloota Medicaid ykn Medicaredhaan hin golgamneef isin kaffalchiisu, itti dabalaanis:

- bilbila, televizyinii, ykn reediyoo kutaa keessan keessaa,
- meeshaawan qananii dhuunfaa, meeshaawan aarsaa, yaadawwanii fi waan haaraawan, fi nyaachawan sukkaaraa,
- meeshaawanii fi tajaajiloota kosmootikii fi miidhaginaa kan Medicaid ykn Medicaredha jalatti kaffaltiin taasifameefii caala ta’aniif,
- uffata dhuunfaa,
- waanta dubbifaman dhuunfaa,
- kennawan, daraaraawan fi biqiltuuwwan,
- ayyaanawan hawaasaa fi bashannana bal’ina sagantaa hojiwwaniitin ala kennama,
- tajaajiloota kunuunsaa addaa kan hin golgamne kan akka kunuunsoota ykn gargaartota dhuunfadhaan qaxaramanii,
- kutaa dhuunfaa, ennaa waan waldhaansaatiif barbaadame malee(fakkeenyaf, dhukkuba ittisuudhaf addaan baasuu), fi
- addaan kan qophaa’e ykn nyaacha filannoo bakka nyaacha isa tajaajilichaan walumaagalatti qophaa’utti.

**21. Beeksisa Dhabiinsa Fudhatama Medicaid.** Yoo isin bu’aawwan Medicaid fudhattan, ennaa hammamtaan herrega keessan keessaa \$200 qaqqabe kan nama tokkof daangaa qabeenyaa SSI gad ta’e, fi egaa, yoohammamtaan herregicha keessaa, gatii qabeenyota keessanii kan hin



Your Rights Under The Combined Federal and  
Minnesota Residents Bill of Rights

Fuula5, 11 keessaa

Oromo

Mudde 2013

hambifamnetti dabalataan, daangaa qabeenya SSI nama tokkoof qaqqabe, isin fudhatama Medicaid ykn SSI kan dhabdan ta'uu keessan tajaajilich isin beeksisu qaba.

**22. Maallaqawwan Dhuunfaa.** Dhimma maallaqa keessanii isin to'achuudhaf mirga kan qabdan yemmuu ta'u maallaqawwan dhuunfaa tajaajilicha bira kaa'unisin hin barbaachisu. Hayyama barreeffama keessaniitin, maallaqniiwan (yoo tajaajilicha bira olkeessan) keessan akka eegamani fi qophaatti akka itti gaafatamuuf isin mirga ni qabdu. Maallaqniiwan dhuunfaa kamiyyuu kan \$50 caalu tajaajilichaan qophaatti herrega dhala argamsiisu keessa herregawwan hojii tajaajilichaa irraa qophaatti olkaa'amee dhalliis herrega keessan keessatti galii ni taasifama. Tajaajilich maallaqawwan keessan kan \$50 hin caalle herrega dhala hin argamsiifne, maallaqa petii kaashii keessa, ykn herrega dhala argamsiisu keessatti isiniif eeguu ni danda'a. YGalmeen maallaqa keessanii ennaa gaafatame isiniif ykn bakka bu'aa seeraa keessaniitif dhiyaachuu ni danda'a, **garuuu isinitti yoo xinnaate kurmaanatti kennamuu qaba.** Yoo isin duutan, maallaqniiwan fi herregnii maallaqa keessanii guyyaawwan 30 keessatti gara nama ykn mirkaneessaa dhaamoo handhuuraa keessan bulchuutti ni naanneffama.

**23. Qoranoo Qormaataa.** Isin qoranoo qormaataa keessatti hirmaachuu diduudhaf mirga ni qabdu.

**24. Jijiirraa kutaa ykn dabbaalii.** Ennaa jijiirraan kutaa ykn dabbaalii jiraate beekudhaaf mirga ni qabdu. **Yoo kutaan keessan jijiirame, beeksifni dursaa guyyaawwan 7 barreeffamaan isiniif kennamuu qaba.** Isin ykn namni bira bu'aawwan Medicaretiif fudhatama argachuudhaf isin kutaa keessan jijiirun isin hin barbaachisu.

**25. Galmeewwan Iccitummaa.** Galmeewwan dhuunfaa fi fayyaa keessaniitif isin mirga kophummaa fi iccitummaa ni qabdu. Yoo isin dhaaba kunuunsa fayyaa biraatti darbitan malee ykn kenni galmee seeraan ykn waliigaltee kaffaltii garee sadaffaatin barbaadame malee isin kenna galmeewwan dhuunfaa ykn waldaansaa eenyumaafuu tajaajilichaan alatti mirkaneessuu ykn diduu ni dandeessuu. **Ennaa galmeewwan dhuunfaa eenyumaanuu tajaajilichaan alatti gaafatame isin beeksifamuu qabdu, akkanumaanis ennaa galmeewwan ykn odeeaffannoong dhimma gaafannoo dhuunfaa ta'an isin namni tokko akka isin hordofuuf ni filatu ta'a.**

**26. Komeewwan.** Haala adeemsa komee barrreeffama tajaajilichaatin komee keessan dhageessifachuu fi tajaajilichaan komeen keessan akka hiikamuuf carraaqpii kakaasuf mirga ni qabdu. **Isin komee dhageessisuu fi jijiirraawwan duubatti harkisa, giddu seena, dirqisiisa, adda baasa, ykn haaloo baha, ykn doorsisa ari'atamuu dabalatee irraa bilisa ta'eef yaada ni dhiyeessitu ta'a.**

Akkanumaanis isin iyyannoo Waajjira Iyyannoowwan Tajaajila Fayyaa, Kutaa Fayyaa Minnesotaatti ykn Abbagar Kunuunsa Yeroo Dheeraatti dhiyeeffachuudhaf mirga ni qabdu. Teessoowwan fi lakkofsiwwan bilbla isaani dhuma ragaa kanaa irratti argamu.

**27. Tajaajila Deebii Kennaa. Gaafiiwwan fi kadhaawwan keessaniif deebii hatattamaat fi fudhatama qabeessaf mirga ni qabdu.**



**28. Qoranoo Bu'aawwan Qu'annoo.** Bu'aawwan qu'annoo yeroo dhiyoo tajaajilichaa kan qawwisoota Federal ykn Mootummaatin **ykn abbootii aangoo fayyaa nannootin** fi tajaajilicha ilaalchiseesagantaa sirreessaa kamiyyuu qorachuudha, fi ejensiwwan akka gargaartota maammilaatti hojjatan irraa odeeffannoo argachuudha, fi ejensiwwan kana qaxaruudhaf carraa argachuudhaf isin mirga ni qabdu.

**29. Hojii.** Tajaajilichaaf hojjachuu diduudhaf isin mirga ni qabdu.

**30. Poostaa.** You have the right to privacy in written communications, including sending and receiving mail promptly that is unopened and to having access to stationery, postage and writing implements at your expense.

**31. Mirgoota Carraa Argachuu fi Ilaalamuu.** Qaamota kanatti aananii jiraniin tasa ilaalamuu fi icitiin walqunnamuu mirga ni qabda.

- Bakka bu'aa mootummaa kamiiniyyuu;
- Ogeessa fayyaa keetiin;
- Abbagaar kunuunsaa yeroo dheeraa bulchiinsaa **fi tajaajilawwan eegumsa mirgoota fi hubannoo;**
- Ejensiwwan eegumsaa fi hojilee hubannoo cimsuu namoota hir'ina guddina qaamaa fi fayyaa sammuu qabaniitiif itti gaafatatummaa qabu;
- Eyyama kee addaan kutuu fi dhiisuuf mirgi qabdu akkuma eegametti ta'ee maatii dhiyoo fi firoottan biroo; fi
- Sababniwwan si dhorkuuf amansiisaa ta'anii fi yeroo kamittiyyuu eyyama kee addaan kutuu fi dhiisuuf mirga qabduu akkuma jirutti ta'ee, bakka bu'aa kee dabalatee, **ergamaa kunuunsa fayyaa, nama maatiitti aansitee kaawwatte, yookan** nama kamiyyuu tajaajila fayyaa, hawaasummaa, seera, yookan tajaajila biroo siif dhiyeessu.

**32. Icitii Walqunnamtii.** Nama feete waliin walqunnamuu fi icitiin waliin haasa'uuf mirga qabda. **Akka Filannoo keetiitti tajaajilicha keessaa baybayuuf mirga qabda.**

**33. Bilbila.** Bilbilli haasoftu haala qaama biroon hin dhaggeeffatamneen yeroo mara ittiin argamuu fi itti fayyadamuu mirga qabda.

**34. Qabeenya Dhuunfaa.** Fayyaa, nageenyummaa fi mirgoota dhukkubsattoota biroo hanga hin miidhinetti bakka uffanna dabalatee meeshaalee tokko tokko qabaachuu fi itti fayyadamuu mirga qabda. **Qabeenyawwan maallaqa guddaa baasan eeguuf jecha, bakka olkaawwanna furtuu qabu yookan bakka dhuunfaa furtuu qabu tajaajilichi mijeessuu qaba.** Meeshaalee gatii guddaa baasan gara tajaajilichaatti fiduunbalaawan qabu, qabeenya kee mallatoon kaayuun fayidaan inni qabu, akkasumas, tarri badii fi manca'uu dandatu qorachuu irratti haala amansiisaa ta'ee siif yookan miseensa maatii kee mari'achiisuuf tajaajilichi itti-gaafatatummaa qaba. **Tajaajilichi meeshaalee badan yookan hatamaniif, haala hin dirqisiifneen, beenyaa kaffaluu danda'a.**



**35. Dhukkubsattoota Warroomaniif.** Eyyama jaajallee keetiin kutaa tokko waliin jiraachuuf mirga ni qabda. **Yoo kan warroomte taatae, abbaa warraa yookan haadhawarraa keetiin icitiin dhuunfaa haala eegameen ilaalamuuf mirga qabda.**

#### **Naamusa Dhukkubsattootaa fi Sochiwwan Tajaajilichaa**

**36. To'anno dararama.** Mallattoowwan dhukkubaa dhukkubsataa wal'aanuuf barbaachisaa ta'ee otoo hin argamin, **balaa tasaa bifa guutuu ta'een ragaa hin kuusamneen ala, yookan ogeessi fayyaa qorannoo barreeffamaatiin haala ibsee fi yeroo gabaabaaf ta'een ala, akkasumas, akka ati of-irrattis ta'ee nama biraa irratti miidhaa hin geessisneef eeguuf barbaachisaa ta'een ala, meeshaa to'anna dararamaa keemikaalaa fi qaamaa irraa bilisa ta'uuf mirga qabda.**

**37. Mirga Meeshaa To'anno Dararama Qaamaa Gaaffachuu fi Eyyamuu.** Meeshaa To'anno Dararama Qaamaa mallattoowwan dhukkubaa wal'aanuuf fayyadaman gaafachuuuf mirga ni qabda. Gaaffii kee siif eyyamuun dura, balaawan uumamanii fi filannoowwan wal'aansawwanii jiraachuu danda'an irratti tajaajilichi siif ibsuun dirqama. Ogeessi fayyaa mallattoowwan fayyaafi haalawwan meeshaan to'anno dararama qaamaa kunneen hojirra itti oolan ibsee, meeshaan to'anno dararama qaamaa ajajuu qaba. Mallattoowwan meedikaalaa nageenyummaa qaamaa kee, fedhii qaamaa fi xiinsammuu kee, yookan soda milkaa'ina dhabuu ilaalcha keessa galchuu dabalachuu danda'a. Tajaajilichi fayyaa fi nageenyummaa kee eeguuf jecha meeshaa to'anno dararama qaamaa ni to'ata. Tajaajilichi s'i, maatii kee fi ogeessa fayyaa kee waliin mari'achuudhaan, barbaachisummaa meeshaa to'anno dararama qaamaa yeroo yeroon ni madaala. Meeshaa to'anno dararamichaaf guca eyyamaa mallatteessuu qabda. Murteewan kunuunsa fayyaa keetii raawwachuuf kan hin dandeenye yoo ta'e, gaafachuu qofaan meeshaa to'anno dararama kan eeyyantu ta'a. Ati yoo kan hin dandeenye ta'e, miseensi maatii kee, namni itti dhiyeenyaan si hordofu, yookan ergamaan kunuunsa fayyaa meeshaa to'anno dararama qaamaa gaafachuudhaan ni eyyama. [Garagalcha seera haaraa bulchiinsaa yoo barbaadde, tajaajilicha keessatti kan argamu, **Mirgoota kee Bu'uraa Dhukkubsattootaa Bulchiinsa Mineesootaa** keessa jira. Eessatti akka argamu hojjataan sitti himuu danda'a.]

**38. Miidhaa.** Qabiinsa badaa Seera Eegumsa Ga'eessota Miidhamanii keessatti ibsame dabalatee miidhaa arrabsoo, miidhaa dhimma koornayaan walqabatee, miidhaa qaamaa fi sammuu, adabbii qaamaan walqabatee, **fedhii malee fageessuu irraa bilisa ta'uuf mirga qabda.**

**39. Dhukkubsattootaaf Wal'aansa Hojjattootaa.** Mudannoowwan miidhaa, loogii yookan balaa maddi isaa hin beekamne qoratamanii tarkaanfiin sirreffamaa akka fudhatamuuf mirga qabda. Ejensiiwwan dhuma dokumantii kanaa irratti tarreffaman waliin komiiwwan olkaayuufis mirga qabda.



## Mirgoota Eyyama Simannaa, Dabarsaa fi Gadhiisuu

**40. Dabarsuu fi Gadhiisuu.** Dabarsaa fi gadhiisuu diduudhaan tajaajilicha keessa turuuf mirga ni qabda, yoo kanneen itti aanan ta'aniin ala:

1. Dabarsi yookan gadhiisuun haala gaarii siif uumuuf kan barbaachisuu fi fedhiin kee tajaajilichaan kan guutamuu danda'u yoo hin taane;
2. Fayyaan kee sirriitti fooyya'ee tajaajilicha keessa turuun kan hin barbaachisnee waan ta'eef dabarsii fi gadhiisuun kee kan ta'uu qabu yoo ta'e;
3. Nageenyummaan namootaa balaa irra kan bu'e yoo ta'e;
4. Yookan fayyaan namoota tajaajilicha keessaa balaa irra kan bu'e yoo ta'e;
5. Beeksisa barbaacisuu fi amansiisaa ta'e booda kaffaltiin (deeggarsa fayyaa yookan wabii deeggarsa maanguddoo) yoo hin raawwanne ta'e; ykn
6. Tajaajilichi hojii yoo dhaabe

Haalawwan kamiin iyyuu (1) hanga (5) keessatti ibsamaniin tajaajilichi yoo si dabarsee fi si dhiisu, galmeen yaalaa kee kuusaan kaayamuun dirqama. Dabarsi yookan gadhiisuun kee haala (1) yookan (2) jalaatiin yoo barbaachise, akkasumas, haala (4) jalaatiin dabarsi yookan gadhiisuun ogeessa fayyaa yoo raawwatu, kuusaan ragaa kee dirqama ogeessa fayyaa keetiin ta'uu qaba.

Tajaajilichi si dabarsuu yookan si gadhiisuun dura, yoo beekame, miseensa maatii yookan bakka bu'aa kee seera qabeessa dabarsaa yookan gadhiisuu kee fi sababa isaa, dirqama si beeksisuu fi beeksisawan qabxiilee kanneen itti aanan qabanii fi sababoota kee galmee fayyaa kee keessatti qabuu:

- (a) Guyyaa dabarsaa yookan gadhiisuu kee;
- (b) Bakka ati itti deemtu;
- (c) Maqaa, teessoo, fi lakkofsa bilbila bulchiinsichaa, **fi Abbagaar kunuunsa yeroo dheeraa naannawaa;**
- (d) Yoo hanqina guddina qaamaa qabaatte, teessoo xalaya fi lakkofsa bilbilaa ejensii eegumsaa fi hubannoo hir'ina guddinaaf itti gaafatamummaa qabuu;
- (e) Yoo dhukkuba sammuu qabaatte teessoo xalaya fi lakkofsa bilbilaa ejensii eegumsaa fi hubannoo dhukkuba sammuufitti gaafatamummaa qabuu;
- (f) Maqaa fi teessoo hojii ejensii gaaffiwwan dabarsaa fi gadhiisuu keetiif itti gaafatamummaa qabuu; **fi**
- (g) **Dabarsaa yookan gadhiisuuf mirga akka qabdu ibsa ibsu.**



Beeksisti dabarsaa yookan gadhiisuu hanga danda' ametti yeroo dabarsaatti hojiirra ooluu yookan Gadhiisun kee sababoota (1) hanga (4) armaan oliitiin , yookan, yoo xiqqaate guyyoota 30 tajaajilicha keessa hin turre, Haalawwan hundaaniyyuu, beeksistichi dabarsamuu yookan gadhiisuu kee yoo xiqqaate guyyoota 30 dursee beeksifamuu qaba. **Yeroon beeksisaa xumuramuudhaan dura bakka mijeffachuu filachuu ni adandeessa.** Tajaajilichi kutaa biraatti si geessuuf yoo barbaade, yoo xiqqaate guyyoota 7 dursee beeksisa sii kennuun dirqama. Haalawwan alaa humna tajaajilichaatii ol ta'aniin, fakkeenyaaaf haala qubannaa dhukkubsattoota haaraa eyyamameefiittin, yookan jijiirama fayyaa yookan sagantaa wal'aansaa keetiin yeroon beeksisichaa gabaabbachuu danda'a. Haalawwan kutaa otoo hin jeeqine dhukkubsattoota haaraa keessummeessuf, adeemsichi tarkaanfiwwan amansiisaa fudhachuun irraa eegama.

Bifa rakkoo hin uumneen dabarsuu yookan tajaajilicha gadhiisuuf yeroo qophii fi qajeelfama gahaa argachuuf mirga qabda.

**41. Imaammata siree Qabannaa fi Carraa Biroo Argachuu.** Hospitaala biroof dabartee yookan sababa fayyaatiif kan baate yoo ta'e, akkaataa imaammata siree qabachuu karoora deeggarsa fayyaatti, gara tajaajilatti deebi'uuf mirga qabda, yoo tajaajilamaa fayyaa taate, fi yoo tajaajilamaa deeggarsa fayyaa hin taane ammoakkaataa imaammata siree qabachutajaajilichaatti jiruun. Yoo dabarsaa fi wal'aansaaf baatu tajaajilichi garagalcha imaammata isaa siif kennu qaba.

Siree duraa walakkeessaan dhuunfaa ta'etti tajaajilaaf itti deebi'uuf yoo barbaadde, akkasumas, deeggarsa fayyaa fi yeroo tajaajila wal'aansaa yoo xumurte ta'ee fikenneen lamaankan guuttu yoo ta'e, akkaataa karoora bulchiinsaatiin tajaajilli si keessummeessaa jiru haala itti si keessummeessu irratti imaammata barreeffamee fi hordofu hundeessuu qaba.

**42. Walqixuummaadhaan Kunuunsa Qulqullina Qabu Argachuu.** Tajaajilichi madda kaffaltii ilaalcha keessa otoo hin galchin, dabarsaa, gadhiisuu fi akkaataa karoora bulchiinsaatti tajaajila namootaaaf dhiyeessuu ilaalchisee, imaammataa fi raawwii walfakkaatu umuu qaba. Tajaajilawwan karoora bulchiinsaa keessa jiraniin ala bulchiinsichi dhukkubsataaf tajaajila biraa akka dhiyeessuuf irraa hin damu.

### **Qaamota Biroo Mirgoota Kee Hojiirra Olchuu Danda'an**

Namni sitti dhiyeenyaan si hordofo yookan si eegu, yeroo namni sitti dhiyeenyaan si hordofo yookan si eegu hin jirretti, namni fedhii qabu, akka kee ta'ee mirgoonni kunneen hojiirra akka oolan taasisuu danda'a. Si bakka bu'uudhaan, namni sitti dhiyeenyaan eeguuf qaama bulchiinsaa yookan haqaa irraa eeyyama seera qabeessa qabu, yookan namni fedhii qabu mirgoonni kunneen hojiirra akka oolan gaaffachuu danda'a. Hojii gaariif hanga ta'etti, raawwiin hojiirra olmaa tajaajila kunuunsa fayyaa, haala yaada nama itti dhiyeenyaan hordofuu ilaalcha keessa galcheen gaggeeffamuu danda'a. Kaayyoon seera kanaa mirgi hawaasumaa fi amantaa kee, murtee dhunnfaa fi filannoowwan jiran beekuu dabalatee qabdu akka hin miidhamnee fi tajaajilli kana jajjabeessuu fi gargaaruuf akka hojjatuufi.



## **QABEENYAWWAN**

### **Kunuunsa Yeroo Dheeraatiif Abbagaar**

**(Ombudsman for Long-Term Care)**

P.O. Box 64971

St. Paul, MN 55164-0971

(800) 657-3591 ykn (651) 431-2555 (naannawaa)

### **Waajjira Iyyannoowwan Tajaajila Fayyaa**

**(Office of Health Facility Complaints)**

P.O. Box 64970

St. Paul, MN 55164-0970

(800) 369-7994 ykn (651) 201-4201 (naannawaa)

### **Damee Fayyaa Mineesootaa**

**(Minnesota Department of Health)**

### **Kutaa To'anno Komii**

**(Compliance Monitoring Division)**

P.O. Box 64900

St. Paul, MN 55164-0900

(651) 201-4201

### **Projaktii Hubannoo Babal'isuu Hir'ina Guddinaa Qaamaa**

**(The Developmentally Disabled Advocacy Project)**

### **Pirojaktii Seera Fayyaa Sammuu**

**(The Mental Health Law Project)**

430 First Avenue North, Suite 300

Minneapolis, MN 55401-1780

(800) 292-4150 ykn (612) 332-1441 (naannawaa)

### **Boordii Raawwii Fayyaa**

**(Board of Medical Practice)**

2829 University Avenue SE, Suite 400

Minneapolis, MN 55414-3246

(612) 617-2130

### **Tajaajila Hordoffii fi Madaallii Walta'iinsaa**

**(Surveillance & Integrity Review Services)**

**(Dhimmoota kaffaltii miidhaa fi balleessaawwan Deeggarsa fayyaa)**

**(Medicaid Fraud and Abuse – payment issues)**

### **Mineesootaatti Damee tajaajilawwan Hawaasummaa**

**(Minnesota Department of Human Services)**

PO Box 64982

St. Paul, MN 55164-0982

(800) 657-3750 ykn (651) 431-2650 (naannawaa)

[Ergaa kaayuu dandeessu.]

**Barreeffama Fayyaa Mineesootaa fi Walta'iinsa Manneeniiftiin dhiyaate. Afaan Hiikuuf kan deeggare Damee Fayyaa Bulchiinsa Mineesootaa. Hiikaa kanaan walqabatee odeeefannoo dabalaataatiif, maaloo Damee Fayyaa Bulchiinsa Mineesootaa lakkofsa (651) 201-3701 walqunnamaa.**



Your Rights Under The Combined Federal and  
Minnesota Residents Bill of Rights

Oromo

Fuula 11, 11 keessaa

Mudde 2013